# BONA SUPERHERO!

2022

OROMO

## AKKAMIIN TAPHATU:

Bona waggaa kanaa irratti hirmaachuuf “Superhero Summer!” kan jedhu fudhadhu. Dalagaa Kitaaba xiqqaa mana dubbisaa naannawa keetii yookaan karaa **www.spl.org/SummerOfLearning** buufachuu dandeessu.

Akkasumas dalagaa kitaaba xiqqaa Amharic, Simplified Chinese, Oromo, Somali, Spanish, Tigrinya, and Vietnamese kan argaman ta’u.

Hojii kee gaarii Superhero, fi dubbisa bonaa kee, tapha Boordii kee to’adhu. Erga takkaa guyyaa hojii gaarii fi dubbisaa 30 xumurtee ofii keef qopheeffatteeta jechuu dha, boordii taphaa gara mana dubbisaati deebisi “Superhero Summer!” kee argachuf Ragaa.

“Superhero Summer!” keenya guuti Qorannoo dargaggoo fi damee mana dubbisaa keetti deebisuun carraa badhaasa xiqqoo mo’achuu qabaadhu.

Waraqaa halluu itti dibuu fi gochaaleen biroonis ni argamu.

Bona kanatti waan gaarii dubbisamu barbaadaa jirtuu? Tarreeffama barreeffama “Superhero Summer” keenyaa mirkaneessaa.



## CIV WAL BARI

**Civ namoota gargaaruuf of kennera.**
Civ hawwaasa isaanii ni jaallatu, olla isaanii maqaan beekaa akkasumas dalagaa isaanii gaarii namoota hunda waliin walii qoodaa. Sagantaa paartii Civ naannoo dhiheenyatti qopheesse yookaan dhugaatii loomii irraa qophaa’e daandii irra jiru argachuu dandeessu.

### HOJJECHUU NI DANDEESSA!

**Bakkeetti baasi:**
Akkamiin hawwaasakee keessatti waan gaarii tokko gochuu akka dandeessu yaadi. Waan xiqqoo yookaan waan guddaa ta’uu danda’a. Waa’ee isaa barreessi, fakkii kaasi yookaan yaadicha hiriyyoota yookaan maatii keetti himi!

**Marii Maatii:**
Hiriyyooti, maatiin, ollaan fi miseensi hawwaasaa wal gargaaruun maaliif barbaachisaadha jettee yaadda?

**Miira isaa:**
Shaakalli dhaabbii akka Superhero, kanneen akka Super Man yookaan Wonder Woman daqiiqaa 5 jaalachuu, Miira akkamiitu sitti dhaga’ama?

**Gara Fuula Duraatti Dabarsi:**
Maatii fi hiriyyoota kee wal faana walitti qabi fi dhagoota muraasa boci, ergasii ollaan kee akka arganiif naannoo isaaniitti dhiisi. Osoo isaan hin beekin, namootaaf waan gaarii yeroo raawwattu maaltu sitti dhagahama?

**Ni beektaa?**
Yeroo weellistu, keemistirii sammuu kee keessa jijjiiruu dandeessa, innis kan gammadaa si taasisu! Welluun ati weellisuu jaallattu isa kami?



ADDUNYAA FOOYYOFTE WALIIN IJAARUU DANDEENYA!

Barnoota Bonaa 2022 ispoonsara kan ta’e arjummaan Dhaabbati Mana Dubbisaa Hawwaasaa Seatle deeggarsa D.V. fi Ida McEachern Charitable Trust, akkasumas Godaambaa Natural History and Culture Burke fi South End Stories deeggarsa AfricaTown, Michooma Barreessitoota African-American, fi Biiroo Fearless Ideas.

## KUNI EM DHA!



**Em shaakala kunuunsa ofii fi fakkeenya gara laafinaa, dhaggeefataa si’ataa ta’uun agarsiisu.**

Em barbaachisummaa gaarummaa fi galateeffachuu ni beeku. Em yeroo hiriyyoota dhaggeeffatan, ollaa gargaartu yookaan ijoollee xiqqoo waliin tapha taphattu arguu dandeessa – kunis Em akkamiin akka kunuunsa taasisan agarsiisa.

### HOJJECHUU NI DANDEESSA!

**Bakkeetti baasi:**
Qabiyyee uumamaa tokko filadhu (muka, habaaboo, duumessa, kkf) akkaataa ilaalcha isaan walaloo katabiif.

**Dalagaa:**
Barruu gaarummaa qabaadhu: Yeroo namni tokko gaarummaa siif oole, fi atis namaaf gaarummaa goote –yookaan ofii keef goote barreeffadhu!

**Miira isaa:**
Yeroo aartutti, kana yaali! Teddy waliin taa’i yookaan beeyladoota garaa kee irra kaawwadhu, fi yeroo suuta hargantutti oliif gadi yeroo inni socho’u ilaali, rafaa akka jirtutti yaaduun. Kana gochuun akka sitti tolu si gargaareeraa?

**Gara Fuula Duraatti Dabarsi:**
Superheron kee yeroo hundaa eenyu dha? Gooti jireenya kee eenyu akka ta’e barreessi fi maalif – akka ta’e itti himi!

**Gaaffii:**
Seerota warqii jedhamani dhageesseetta ta’a: Namoota kan biroo akka itti keessummeessamuu barbaaddutti keessummeessi. Seerri Platinium akka eerutti: Namooti biro akka isaan barbaadanitti keessummeessi – fi akka – keessummeessamuu barbaaddutti. Seera Pilatinum hiriyyaa fi maatii kee waliin shaakaltee beektaa?

**Ni beektaa?**
Namoonni galateeffachuu shaakalan namoota hin shaakalle caalaa gammadoo dha. Maaliif caalaatti galateeffatta?

NA ILAALLATA AKKASUMAS DHAGGEEFFACHUUF QOPHII DHA!



# WAL BARI LEA



**Lea waan haaraa baruu fi namaa qooduu jaallatti.**

Lea barumsii fi beekumsi kan argamu wantoota hundaa kallattii hundaan ilaaluu irraa akka ta'e hubatteetti fi Lea ilaalcha gara garaa barbaaduun itti tola. Lea mana dubbisaatti kitaabota hedduu waliin yookaan hiriyyoota isaanii gaaffii gaafachuu ni jaallatu yookaan wanta argatan qooduu.

## HOJJECHUU Ni DANDEESSA!

**Bakkeetti baasi:**
ka'iitii utaalcha hanga 60 tti lakkaa'uun utaali. Amma dhaabuun harka kee laphee kee irra kaa'i. Dhahannaa onnee kee fi hargansuu keetti hubannaa taasisi. Osoo shaakala qaamaa hin taasisin dura hargansuu kee fi dhahannaan onnee kee hangam ture?

**Marii Maatii:**
Horteen keenya kennaa ogummaa hangafoota keenyatti gorsaan dabarsaniiru. Namoota hangafa kee ta'an adda addaa lama jireenya gaarii jiraachuuf gorsa si barbaachisu hima tokko gaafadhu. Amma, jireenya kee keessatti gorsa hangafoota kee barreessi, fi isaan waliin walii qoodi. Wanta baratte maatii kee waliin walii qoodi.

**Dalagaa:**
Adeemsa qaama miiraa 5 taasisi! Yoo xiqqaate daqiiqaa kee 15 bakkee turuun addunyaa naannoo kee hubadhu. Waa'ee wanta hubattee barreessi/dubbadhu. Maal argita? Fuunfatta? Dhageessa? Dhamdhamta? Miiressita?

**Gara Fuula Duraatti Dabarsi:**
Wanta akkamiin hojjetamuu isaa beektu tokko fudhadhu fi nama irratti fedha agarsiiseef qoodi. Kunis nama tokkotti akkamiin hidhaa kophee akka hidhatan agarsiisuu, qoosaa nama kolfisiisu walii qooduu, kubbaa kaachoo akkamiin akka taphatan walii qooduu, suuraan namoota superhero akkamiin akka kaasan barsiisuu, waan kamiyyuu!

## Fi BARACHAA iTTi FUFi!

BEEKUUF HAWWIIN TURI



# HELLO SOL



**Sol gosa aartii hundaa ni jaallata – kanneen akka fakki, muuziqaa, shubbisa, barreeffama, taatee – miira isaa ibsachuu fi rakkinoota furuuf.**

Rakkinoota isa mudatan gara carraa hojiitti jijjiiruun Sol akka lubbuun isaa jiraachuun itti dhaga'amu isa taasisa. Sammuun Kalaqaa Sol akka isaan haalota mudateef kallattii gara garaa irra ilaalan isaan taasisa. Sol hirmaannaa gartuu dandeettii artistikii irratti hedduu gaarii kan ta'ee fi dandeettii namoota biro waliin dalaguu ni qaba.

## HOJJECHUU Ni DANDEESSA!

**Bakkeetti baasi:**
Barreessaan Jason Reynolds "humni cimaa dhugaan humna hundi keenya qabnu: humna fedhaa, amanamummaa, fi addatti kaka'umsa" jedhee amana. Humni kee inni addaa adduyaa kana irraa maali? Fakkii super hero kee mallayyoo irratti kaafadhu. Yeroo humna addaa si barbaachisutti, ofirra godhachuun yaada keetti ilaali.

**Marii Maatii:**
Miseensa maatii kee akkamiin akka rakkof furmaata kennuu jaallatan gaafadhu. Karoora akkamiin rakkoof furmaata akka kennen barreessaniiru? Gorsaaf gaafatanii jiruu? Waa'ee rakkoo wal fakkaataa kanaan dura isaan mudate yaadanii jiruu?

**Miira isaa**
Hiikuu irratti gargaaruu, buqqisuu hojii hoggayyuu godhachuu, dhaqna hiikkachuu, hafuura dheeraa baafachuu fi bakka callisaatti bohaaruu. Yoo dhiphatteef, hafuura dheeraa fudhachuuf yaali yookaan lama – miira akkamiitu sitti dhaga'ama

**Gara Fuula Duraatti Dabarsi:**
Wanta miidhagaa ta'e hojjedhu fi miseensa maatii, hiriyyaa, yookaan nama hinbeekneef kenni. Kennaa ofiin hojjette yeroo namaaf kennitu miira akkamiitu sitti dhaga'ama?

**Ni beektaa?**
Kolfi ni daddarba! Gaalee, "kolfi qoricha ajaa'ibaati" gaafa jedhan dhageessee beektaa? Dhugaadha, kolfuun fayyummaa kee dabaluun akka sitti tolu taasisa. Guyyaan dhumaa kolfa gaarii kan kolfite yoomi dha?

## Si WADA JiR AH AYAAN WAX OGA




QABAN KARNAA ARRINTAAN!

# QORANNAA DARGAGGOO

Qorannoo kee xumurame dame naannoo keetti badhaasa xiqqoo mo'achuuf deebisi.

**Maqaa:** ______

**Umrii:** ______

**Mana Barumsaa:** ______

**Kutaa (yeroo itti aanutti):** ______

**Superhero kamiin caalaatti jaallatta?**

CIV ☐ EM ☐

LEA ☐ SOL ☐

**Kitaabani xiqqaa kana irraa dalagaan ati hojjechuu jaallattu isa kami?**

______

**Waa'ee maalii dubbisuu jaallatta?**

______

**Waa'ee maalii barachuu jaallatta?**

______

**Yeroo bonaa waa'ee maalii hojjechuu jaallatta?**

______